Guyyaa 15/05/2018

# Waajjira Komii Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatif Adaamaa

Dhimmi:- **Komii Shinshaanoo lafaa dhiyeessuu ilaala**

Nuti maqaan keenya armaangaditti caqafame abbaa warraa 20 jiraattota magaalaa Adaamaa Ku/m/gaara luugoo Aanaa luugoo migiraa kan taane lafa aanaa **Luugoo Migiraa qaxanaa 3 bilookii 5** irratti shinshaanoon gaggesuf lafti keenya seera qabeessa ta'uu mirkanaa'ee kan kaartaa **qr.80773.00** kafallee lafaa fi kaartaan abbaa qabeenyummaa har'a boru nuu kennama jennee osoo eegnu **lafti karaan itti bahu** abbaa qabeenyaa dhuunfaa **Gabra Igzaabeeriin** qabamee akka banu mahaandisiin itti himee erga jalqabee booda sababaa hin beekamneen dhaabee jira kutaan magaalaa fi aanaan illee iddoon kuni karaa ta'uu mirkaneessanii jiru.

Haata'u malee sababaa nama dhuunfaa tokkootin mirgi **abbaa warraa diigdamaa** sarbamee gaafiin yizootaa fi abbaa qabeenyummaan lafaa kaartaa akka nuu kennamu qaama deebii fi fala nuu kennu waan dhabneef isinitti iyyachuuf dirqamnee jira.

Kanaafuu Magaalaan Adaamaa kenna tajaajilaa fi regularaization irratti magaalota birootifuu fakkeenya gaarii ta'uun muuxannoo dabarsaa bakka jirtutti nuti ammoo sababaa nama dhuunffaa tokkootin mirgi kenya dhiibamee shinshaanoon osoo hin gaggeffamin miidhamaa waan jirruuf isinis komii keenya hubannoo keessa galchuun karaan nama dhumfaadhan cuufamee nuu banamee shinshaanoon geggefamee **lafaa fi kaartaan abbaa qabeenyummaa lafaa** harkkaan akka nugahu nuu goosistan kabajaan komii keenya dhiyeeffanna.

Nagaa Wajjin.

12/05

Mazan jiraatecta zoom. 3ffaa Block 5ffaa

1. Ayalew Sisay.
2. Ababaabalay.
3. Getachew Damsee
4. Abdurahaman
5. Ziyaad Adaam
6. Ifenesh Muagatu
7. Fifaadu Mohamad
8. Masarat Dadhi
9. Oastae Dadhii
10. Abdurahaman Ahimad
11. Yusuuf Ahimad
12. Damsee Bonsaa
13. Yitibarek Dawit
14. Kabanbush Dadhi.
15. Ashaa

Maka Koree

1) Tsegaye Tamiru
Masarat Dadhi
Abdurahaman Ahimad
Makidaa Alii
Tajuu